# Yeroo mu'azzina dhageessan waan inni jedhu jedhaa, ergasii salawaata na irratti buusaa

Abdullaah bin Amri bin Al-Aas irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaalatu, Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhu dhaga'e: "Yeroo mu'azzina dhageessan waan inni jedhu jedhaa, ergasii salawaata na irratti buusaa, namni ana irratti salawaata tokko buuse Rabbiin isa irratti kudhan buusa. Ergasii Wasiilaa naaf kadhaa, isiinis jannata keessaa sadarkaa guddaadha, gabroota Rabbii keessaa isa cimaaf malee nama tokkoof hin taatu. namni sun ana akka tahu hawwa. namni Wasiilaa naaf kadhate shafa'aan kiyya isaaf raggaate".

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni mu'azzina dhaga’e fakkaataa jecha isaa jechuun isa booda akka deddeebisu qajeelfama kennaniiru, yeroo inni "Hayya Al-salaah, hayya alal falaah" jedhu malee, yeroo sana akkana jedha: "Laa Howla walaa quwwata ilaa billaah" jechuunis: Mallis Humnis Rabbiin malee hin jiru jechuudha, jedha. Eega Azaanni xumurame booda nabiyyii irratti -nagaa fi rahmanni haa jiraatu- salawaata buusa, nama yeroo tokko isaan irratti salawaata buuse, Rabbiin yeroo kudhan isa irratti buusa. Rabbiin gabricha Isaa irratti salawaata ni buusa jechuun Malaa'ikaa biratti isa ni faarsa jechuudha. Eegasii Rabbiin Wasiilaa akka isaanif -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- kennu Rabbi kadhachuutti ajajan, Wasiilaa jechuunis sadarkaa tokko kan Jannata keessa jiru yoo ta'u, innis irra ol aanaa sadarkaati. San argachuun ammoo gabroota Rabbii ol ta'e hunda irraa gabricha tokkoof malee nama kamiifuu hin ta'u, salphaas miti, mijatu ykn salphaa miti, Ani isa ta'uu koo nan abdadha. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- wanni akkas jedhaniif of gadi qabuufi; Sababni isaas, sadarkaan ol aanaan sun nama tokko qofaaf yoo ta'u, namni tokkichi sun isaan malee -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- nama biroo ta'uu hin danda'u; waan isaan irra caalaa uumamaa ta'aniif jecha. Eegasii Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- nama isaanif Wasiilaa kadhateef shafa’aan isaanii akka argamtu ibsaniiru, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee